Guyyaa 12/02/2018

**Wajjiraa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa tiif**

**Adaamaa**

Iyyattoonni Koree:- 1ffaa obboo Shimaallis Hayiluu

2ffaa Obboo Nugusee Tufaa

3ffaa obboo Birhaan Addis

4ffaa Obboo Dagaaragee Gormsii

5ffaa Aaddee imaabeet Lammaa

6ffaa Obboo Habtamuu Basaaziin

7ffaa Obboo Alamuu Shibiruu

8ffaa Obboo Lambooroo A/Murtii

9ffaa Adaaneech Kaasaa

Teessoon Magaalaa Adaamaa Kut/Mag/Damblaa Aanaa Malkaa Adaamaa

**Sababni iyyannaa kana Kartaan bilisaan akka nuuf hojjetamuuf deeggarsii akka nuuf godhamu gaafachuuf iyyannaa dhiyaateedha.**

Iyyata kanaf ka'umsa kan ta'ee nutii iyyattoonni koreen ammaa fi namootaa 169 jiraatootaa Magaalaa Adaamaa Malkaa Adaamaaa jedhamun beekamuu keessaa jiraachaa kan turree yoo ta'uu, sababa yeroo ammaa misoomaa buuffata konkoolataa jedhamee mootummaan iddoo mana jireenya keenya waan barbaadeef iddoo mana jireenya keenya irraa kaanee iddoo biratti lafa mana jireenyaa nuuf kennuun isaa ni beekama.

Haa ta'uu malee yeroo ammaa kana iddoo mana jireenya nuu namootaa 169 taaneef Aanaa Malkaa Adaamaa keessatti nuuf kennamee jiru irratti kartaan akka nuuf hojjetamuuf Wajjiri Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa kun nuu deeggeree gara Wajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Dambalaatti nuuf ajajuun isaa ni yaadatama.

Garuu Wajjiri Lafaa Kutaa Magaalaa Dambalaa kaffaltii kartaaf barbaachisuu lizii fi kiraadhaan kafalaatti kartaan isinif haa hojjetamu waan nuun jedhaniif, nutii iyyattoonni ammaa kun immoo yeroo iddoo mana jireenya keenya duraanii irraa kaaneetti baatii 7f mana kiraa keessatti rakkachaa kan turree fi Wajjiri Bulchiinsa Magaalaa Adaamaas rakkoo keenya nuf hubatee iddoo mana jireenya kana nuuf kennee akka seera qabeessa nuuf ta'uuf kartaan akka itti nuuf hojjetamuf gara wajjira lafa kuta magaalaa damabalaatti nu dabarsuus kaffaltii waan gaafatamnef kaffaltii kartaaf ta'uu kana immoo nutii sababa rakkoo keessa turreef kaffaltii kartaaf barbaachisuu kafaluun waan nutii ulfaatuuf kunumtti gamaa keessaniin nuuf hubatamee kartaan kafaltii tokko malee bilisaan akka nuuf hojjetamuf gamaa keessaniin ajajni barbaachisaa ta'ee gara Wajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Dambalaatiif akka nuuf barreeffamu kabajamaa Wajjira Bulchinsa kana kabajaan gaafacha. Deeggersaa nuuf gootaniif dursinee isin galateefanna.

Nagaa Wajjiin

Mallattoo iyyatootaa

1. ____________

2. ____________

3. ____________

4. ____________

5. ____________

6. ____________

7. ____________

8. ____________

9. ____________

Guyyaa 14/02/2018

**Wajjira Mana Qopheessaa Magaalaa Adaamaa tiif**
**<u>Adaamaa</u>**

Iyyattoonni Koree:- 1ffaa obboo Shimaallis Hayiluu
2ffaa Obboo Nugusee Tufaa
3ffaa obboo Birhaan Addis
4ffaa Obboo Dagaaragee Gormsii
5ffaa Aaddee Imaabeet Lammaa
6ffaa Obboo Habtamuu Basaaziin
7ffaa Obboo Alamuu Shibiruu
8ffaa Obboo Lambooroo A/Murtii
9ffaa Adaaneech Kaasaa

Teessoon Magaalaa Adaamaa Kut/Mag/Damblaa Aanaa Malkaa Adaamaa

**<u>Sababni iyyannaa kana naannoo iddoo mana jireenya keenyatti karaan, Ibsaan, Bishaanii akka nuuf hojjetamuf iyyannaa dhiyaateedha.</u>**

Iyyata kanaf ka'umsa kan ta'ee nutii iyyattoonni ammaa fi namootaa 169 ta'an waliin jiraatootaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Malkaa Adaamaa keessaa jiraachaa kan jirruu yoo ta'uu, nutii iyyattoonni kun iddoo mana jireenya keenya irraa sababa buuffataa konkoolaataatiin ka'uun keenya ni beekama.

Haa ta'uu malee Kabajamaan Waajjira Mana Qopheessaa Magaalaa Adaamaa kun naannoo Mana Jireenyaa keenya ammaa jiraachaa jiruuti karaa mijawwaa kan hin qabnee fi Ibsaa fi Bishaaniis kan hin qabnee ta'uu isaa nuuf hubaatanii karaan, Ibsaanii fi Bishaanii akka nuuf hojjetamuuf haallii akka nuuf mijaa'uuf gamaa keessaniin deeggarsii barbaachisaa ta'ee akka nuuf godhamuuf iyyanna kana dhiyeessuuf dirqamnee jirra.

Kanaafuu kabajamaan Wajjira Mana Qopheessaa Magaalaa Adaamaa kun rakkoo haala karaa mijaawwaa fi Ibsaa, Bishaan dhabbuu naannoo mana jireenya keenyaa kana gadi fageenyaan nuuf hubannoo keessa galchee karaan, Ibsaa fi Bishaanii akka nuuf hojjetamuuf gamaa keessaniin deeggarsii barbaachisaa ta'ee akka nuuf godhamuu kabajaan isiin gaafachaa, deeggarsaa nuuf gootaniif dursine isiin galateeffanna.

Nagaa Waajjiin

Mallattoo iyyatootaa

1. ____________
2. ____________
3. ____________
4. ____________
5. ____________
6. ____________
7. ____________
8. ____________
9. ____________

**<u>G/G</u>**

- Wajjira Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa tiif
- Wajjira Bulchinsa Kuta Magaalaa Dambalaa tiif
- Wajjiraa Bulchiinsa Aanaa Malkaa Adaamaa tiif

**<u>Adaamaa</u>**